Ebla 16, 2019

Ibsa ABO "Tokkoomee" fi ABO "Qaama Ce'umsaa irraa kenname

Qabsoo bara dheeraa roga hundaan uummatni Oromoo taasisaa turee yeroo ammaa firiin isaa muldhachuu jalqabee jira. Qabsoo roga hundaan taasifamaa tureen ilmaan Oromoo qaqaaliin aarsaa guddaa kaffalanii jiru. Qabsa'otni muratoon dukkana keessa taa'anii ifa argan, dhalootni haarawaan akka ifa keessa taa'ee mirga isaaf falmatuuf injifannoo nu goonfachiisaniiru. Aarsaan isaan Oromoof kaffalan qabsoo Oromoo gulantaa olaanaatti ol kaasee jira.

Qabsoon Oromoo bifa ijaaramee fi hin ijaaramiin gaggeefamaa ture. Gulantaan qabsoo Oromoo ammuma danboobaa dhufeen, bifa ammayyaa'ee fi jaarmiyaa qabsoo Oromoo hoogganu goonfate. Seenaa qabsoo Oromoo keessatti jaarmiyaalee siyaasaa qabsoo Oromoo hoogganan keessaa ABOn isa angafa. ABOn dhaloota har'aa qaruu irraa kaasee, sabboonummaa ilmaan Oromoo sadarkaa duubatti hin deebineen geessisee jira. Kun qabsoo jajjabaa ABOn geggeesseen, injifannoo dhaloota haarawaa goonfachiise dha. Haa ta'u malee akkuma injifannoo roga hedduun goonfanne, hanqinootas qabaachaa turre. Hanqina qabsoo keessatti nama mudate qabsoon sirreeffatu. ABOnis hanqinoota isa mudataa ture akkuma qabsoon sirreefachaa dhufe har'as of sirreessaa jira.

Qabsoo Oromoo keessatti waanti ta'uu hin malle keessaa qabsaa'otni bakka gara garaatti adda ba'uun amma tokko mooraa qabsoo Oromoo haphisee jira. Kun yeroon sirreefamuu kan qabu ta'us, bubbulee jira. Haa ta'u malee waltajjii amma keessa jirrutti kun akka itti fufuu hin qabne xiinxaluun, jaarmiyaa keenya caasaa fi hooggana tokko jalatti deebisuun fardii ta'uu isaa hubannee sirreessaa jirra.

Haalli amma keessa jirru, jaarmiyaa waliiin turree fi maqaa tokko qabnu hafee, jaarmiyaalee Oromoo kamuu wajjin gara tokkotti deebi'uu qabna jennee amanna. Yeroon, yeroo tokkummaa ti. Gaaffiin qabsaa'otaa fi Oromoos kanuma. Tokko taanee diina waloo faccifna. Kun dirqama jaarmiyaalee siyaasaa Oromoo hundaati.

Mooraa qabsoo Oromoo tasgabbeessuu fi tokkoomsuu jaarsoliin Oromoo, abbootiin Gadaa, abbootiin amantaa fi qeerroon tattaaffii godhan hedduu kan dinqisiifamu dha. Nutis tattaaffii kana faana buunee tarkaanfii seena qabeessa ta'e fudhannee jirra. Jaarmiyaan keenya lamaan walitti deebi'uun maqaa waloo qabannee haalduree tokko malee jaarmiyaa fi caasaa tokko jalatti qabsoo hiree ofii ofiin murteeffannaa ummata Oromoo fiixaan baasuu itti fufuuf murteeffannee jirra. Waadaa haarawaan qabsoo Oromoo galiin gahuuf qophii dha.

Jijjiiramni amma Oromiyaa keessatti dhufe qabsoo hadhooftuun kan goonfannee dha. JijjIirama qabsoon arganne kana qabsoon eegganna. Bifa kamiinuu dhimmoota jijjiirama biyya keenyaa sharafan hin keessummeessinu. Gaaffii Oromoon qabuuf, yeroo tokkotti deebii argachuun yoo hin danda'amin illee, kan arganne kunuunfachhaa kan hafe ammoo waltajjii keessa jirru keessatti uummata keenyaan waltaanee qabsaa'uun goonfanna.

Dhuma irratti, jaarmiyaaleen siyaasaa Oromoo hunduu akka tokko taanee mirga Oromoof qabsoofnu waamicha goona. Gara garummaa ejjennoo siyaasaa qabaannus bifa kamiinuu dhimmoota oromummaa fi mirga saba keenyaa tuqan kamuu waloon irratti qabsa'uu qabna. Sababa adda addaan, jaarmiyaaleen waamicha Oromoo irraa qoollifatan akka yeroo gabaabaa keessatti qaama tokkummaa kanatti makaman kabajaan waamcha goonaaf.

Jijjiirama qabsoon dhufe tifkachuun murteessaa dha. Jijjiirama kana hunde qabeessa gochuuf hunda dura nageenyi uummata keenyaa fi biyya keenyaa mirkanaa'uu qaba. Kanaaf jecha rakkoo nageenyaa Oromiyaa fi biyya keenyaa irra gahaa jiru, irra aanuuf tokkummaan dhaabbachuu qabna.

Qabsaa'otni bilisummaa Oromoo sababa gara garaan qabsoo irraa of qusattan ykn garee fi dhuunfaan qabsaa'aa jirtan, akka dhaaba keessan kallachaa Oromoo ta'e, ABOtti deebitanii qabsoo itti fuftan waamcha isinii goona.

Sabaa fi sab-lamoota biyya keenyaa hundaa wajjin yoo waloon dhaabbanne waloon guddachuu dandeenya; nageenya biyya keenyaafis wabii taana. Kanaaf jecha hunduu akka walitti bu'iinsa farreen tokkummaa dhalchaa jiran irraa fagattan waamicha goona.

Injifannoon uumata Oromoof!

ABO QC fi ABO Tokkoome
Finfinnee, Oromiyaa